



Ministeera Haqaa

Labsii mirgaa

NAMA TOO'ANNOO JALA JIRUUF KAN DHI'AATU IJOOLLEE WAGGAA 16 OLII, KAN WALIINII YKN AKKA QEERROOTTI KAN ILAALAMAN KAN YAKKA AKKA KEEYATA 706-73 AKKA SEERA YAKKAA FARAANSAAYITTI HOJAATAN

Odeeffannoon kun afaan ati hubbachu dandeessun siif kennama.

Namootni dirqama maatii qaban odeeffannoo wal fakkata nii argatu, yoo faayidaa keessan waliin wal tuqaa ta'eef ykn carraan itti fufuu isaa miidha qabaate.

Hanga too'annoo jala jirtuutti ragaalee kana kaa'uu dandeessa.

Too'annoo jala oolte akka jirtuu beeksifamteeta sababnisaas sababa shakkama si taasisuu tokko ykn isaa ol akka ati yakka rawwatee ykn ofiirra deebisuuf jette akka adabii hidhaa qaqqabu gooteta, namni ijoollee bakka bu'uu ykn tumsuu, akka seera yakka qindaa'aatti ykn miidha qaqqabsisuuti, hidhaadhan si adabsiisa.

Atii mirga maaliif akka qabamtee, guyyaa fi bakka itti waan jedhame ta'ee gaafachuu dandeessa kan ittin himatamteef akkasuma maaliif akka too'annoo jalaa oltes.

Yeroo too'annoo jala oltuutti maaliif akka qabamtee nii dhageessa, sa'aati 24 keessatti.

Yeroo yeroon kun xumuramutti, abuukatoon hawaasa (abban seera qulqulleessuf hojaatu ykn abban murtii walii galaa) sa'aa 24 akka too'annoo jala turuun itti fufu gaafachuu danda'a. Gaggeessa kana dura yoo barbaachisee, viidiyoodhan agarsiisuun bakka barbaachisutti dhi'eessu dandeessa.

Addatti, fi yoo waan qorannaaf ykn waa brbaachise, dabarsii addaa lama - tokkon tokkon isaanii sa'aa 24 kan ta'ee - qaama bilisaan ykn abba murtee too'atan ykn kan qoratun murtaa'uu danda'aa.

Haa ta'uuyyu malee, yeroon fulduratti qorannaaf barbaachisuu amalee hin barbaadama ta'e sa'aati 48 tti oliitti erga inni dhumme, abban murtee, qaamni walabaa fi abba murtee too'atamaa, akkataa gaaffii abukatoow hawaasan, ykn murtoon qorannaa kan ilaalamu yeroo tokko qofaf nama too'atmee irratti dheerata akkasuma yeroo sa'aa 48 f.

Yeroon too'annaa kee yeroo xumuramuutti, atii, murtoo abba alaangaattin ykn kan qoratattin, gara abba seera kanaatti dhi'aata ykn bilisa baata. Haala isa duraa keessatti, ati guyyaa wal fakkatatti gaggeessa duratti dhi'aata. Yoo haalotni tokko tokko addatti haala murtii wwaliiin wal qabatee dhufanii fi too'annaa jala kan ati turtuu sa'aa 72 darbee, guyyaa isa itti aanuu dhi'aachu dandeessa, yoo baay'atee sa'a 20 booda ergaa yeroon turtii too'annaa jala olfaamu ee xumuramee booda. Yoo yeroo too'atamuu kee sa'aa 72 darbee, argaamni ati gaggeessa duratti gootu guyyaa xumuraa yeroo too'annaa jala oluun kee xumuramuutti dha.

Dabalataan, akka mirga nama biraa beeksisu

dandeessu qabdu beeksifamteeta

Maatiin kee ykn neegdotni, ykn namni ykn tajaajilii tarkaanfi waa'ee too'atamuu kee irratti fudhatamuu akka beeku nii tasiifama warraa ati amantuuf, akkasumas ga'uumsaa, guyyaa fi bakka koomishiniin murtoo dbarsaniis.

Ati nama yeroo baayee wajjiin jiraatu, ykn maatii kee keessa kan sitti aanuu tokko, ykn obboleessa ykn obboleetti kee keessa bilbilaan waa'e murtoo too'atamuu kee irratti kennamu akka beeksifamuu gaafachuu dandeessa.

Akkasumas nama isiin qacaree hasoofsisuu dandeessu.

Yoo lammii biyya biraa tatee, namoota mirga gorsa kennu qaban biyya keessan keessa qunnamuu dandeessu.

Yoo haali ulfaatan jiraatan alaatti, kun kanta'uu qabu sa'aati 3 waan hin caalee keessatti dha yeroo gaafatee irraa ka'uudhaan.

Abukaatoon hawaasa (qorataan yakka ykn abban murtii walii galaa), yoo barbaade, waan beeksifmee sun akka turuu danda'uu ykn hin dabarfamuu, yoo kun walitti qabama murteessa ta'ee ykn murtoo bakka qabate yoo ta'ee ykn miidha, bilisummaa ykn tokkomuu

irraas nii eega. Darbuu ilaalchisee ogeessa seera bakka si bu'uu beeksisuun sa'aa 24 caaluu hin qabu yoo murtoo too;atamuu darbee, akasuma sa'aa kudha lama yoo murtoo too'annaa irratti kennamu hin darbu ta'ee.

Yoo yeroon too'anna jla turuu kee sa'aa 48 caalaatti dheeratee, dabarfamuu isaa namoota sitti dhi'aataniif kan si qacaran hirmaachu danda'uu, sababa kaminiyyu, qaama walabaanii fi abba murtee too'atamaan (ykn qorataa murtoo kennu).

Nama dhuunfa waliin wal qunnamuu

Barreefamaan, bilbilaan ykn gaaffii deebii afaaniin akka si qunnamaniif gaafachuu dandeessa nama isaan qunnamaan tokko kaa'uunii yeroo too'annoo jalaa jirtuutti.

Ogeessi qoratu yoo maaliif akka too'annoo jala oлуу waliin wal qabataa ta'uu baate gaaffii kee deebisuu dhiisu danda'aa ykn waan ta'eejedhamuuf ofiirra facisuu dadhabuu danda'aa. Ogeessi ta'ee yeroo isaa, haala fi yeroo turtii haasaa kanaa beeksisuu qaba, kunis daqiiqaa 30 caalaa turuu hin danda'uu akkasuma too'annoo ogeessichaa jalaattis ta'uu qaba, ykn ogeessa bakka sana irratti muudameen.

Yoo yeroo too'annaa jalaa itti ooltu sa'a 48 caalee, qoratan sun akka ati abbooti taayitaa waliin wal hin argineef dhorkuu hin danda'uu.

Dooktariidhaan Ilaalamii

Yeroo jalqabaa too'annaa jala olteeran eegaluun dooktariin aka si ilaluf gaafachuu dandeessa akkasuma haala dheereesu murtoo fudhatamu keessatti. Yoo yeroon too'anna jla turuu kee sa'aa 48 caalaatti dheeratee, doktaraan ilaalamuu qabda akkasuma akka ati qorannaa fayyaa gaafatuuf mirga akka qabdu nii gorfamta. Gaaffiin kun maatii keetti, eegdotaa ykn nama kaminille ykn dhaabataa ati amantuu kaminiyyu gaafatamuu dandeessa.

Ogeessotni seera kees akka ati qorannaa yaalaa taasifatuuf gaafachuu danda'uu.

Gabaasa qopheessi, gaaffii deebisii ykn caalisuu itti fufi

Ergaa eenyumman kee adda ba'een booda, yeroo dhageetti keetti, mirga qabdaa:

- labsii dabarsuuf,
- gaaffii gaafatamtuuf deebii kennuf,
- ykn caalistee itti fufuuf.

Ogeessa seera bakka si bu;uu bakka buufamu

Yoo qaamni dorgoomu barbaachisaadha jedhe yaade, bakka si bu'uu danda'aa, yeroo dhageetti fi gaaffii deebiiti, warreen mirga maatii qabaniif. Yoo danda'ama ta'ee, dargaageessi bira akka bakka si bu'u gochu dandeessa ykn dargaageessa gaggeessan siif muudameen bakka buufamu dandeessa.

Abba seeran gargaramuuf

Ati ogeessa seeran gargaramuu qabda.

Filannoo ogeessa seera

Yeroo itti too'annoo jala oolte irraa jalqabuun,yeroo dhageetti fi yeroo too'annoon dheerefamutti yeroo kamittilee - yeroo kun dheereefamu irraa jalqabun - gargarsaa ogeessa seera barbaade irraagaafachuu dandeessa. Yoo ogeessa seera dhaabachu hin dandeessu ta'ee ykn yoo ogeessi seera fedha hin qabu ta'ee, qorataan ykn abukaaton hawaasa(qoratan yakka ykn abban murtii feederalaa) ,abban murtee qorataa ykn murtoon mana murtii walii galaa akka isiin gargaaruuf ariittin muudama.

Ogeessi seera maatii keessanin ykn eegdootaan, ykn nama ykn kan isiin amantanii tajaajilaa isiinif kennun muudamu danda'aa.

Gargarsa seera fi yeroo deebii

Ogeessa seera daqiiqaa 30 keessatti haala eegumsi gaaffii deebii eegameen isiin qunnamu danda'aa. Haala dheerefamuu too'annoo jalaa keessatti, yeroo lamattaf akka ogeessa seera qunnamtuuf gaafachuu;

Ogeessi seeras, gaaffii keettin, yeroo itti dhaga'amuu, ofiirra facisuu, seeran irra deebiin ilaalamu ykn yeroo adda baafamuu kan ati itti hirmaatu dheeressu danda'a.

Haala kana keessatti, deebiin kee jalqaba, yoo eenyumma kee irratti hundaa'a ta'een alatti, yoo abban seera kee argameen alatti osoosa'atiin 2 ga'ee faayida maleesa hin ta'initti gaaffii keettin yeroo itti aanuutti abba seeradhaan siif darbuu danda'aa. Haa ta'uuyyuu malee, dhaga'amni kee jalqaba arifataa ta'aa, yerooma abban seera kee hin argamnettilee, yeroo abuukatoon hawaasa (ykn qoratann yakka) siif dhabachuuf eeyyama argatutti ykn namni qoratu, yoo waan qorannaasanaf barbaachisuu ta'eef.

Yoo ogeessi seera yeroo dhaadachii deema jirtuutti ykn deebii kenna jirtuuttidhufee, kun gaaffii keettin hafu danda'a, akka ati ogeessa seera kee waliin hasoofuf.

Abukatoon hawaasa, namni qoratu ykn kan bilisaa fi murtoo too'annoorrati kennamu irratti, haa ta'uuyyu malee, sababa wal qabsisuu fi haala addaa keessatti, gargarsi ogeessa seera kee yeroo dhageetti fi deebii kennuti akka darbuuf murteessu dandeessa, yoo baay'atee sa'aati 12 f fi kan yeroo tokko hareefamu, yoo adabiin sitti murtaa'uu waggaa shanii ol ta'eef.

Nama afaan hiikun gargaaramuf

Yoo afan Faaransaay dubbachu fi hubachu hin dandeessu ta'ee, kaffaltii irra bilisaan akka tajaajila hiika afaanii isiinif kennan gaafachu dandeeessa yeroo dhageetti fi yeroo wal qunnamti ogeessa seera kee waliin qabduutti.

Akka too'annaa jalaa baatuf iyyachuu

Yeroo qaamni ol aanuu akka too'annaajala turtuuf dheeressu, akka abukatoon hawaasa, qorataan yakka ykn abban murtee walii galaa akka siif dhaabatuuf gaafachuu dandeessa,

Wantoota muraasa waa'ee dhimma kee kan ilaalatu irratti

Yeroo atigaafatutti ykn ogeessi seera bakka buufatee gaafatutti, akkasuma yeroo dursee too'annoon kee dheeratutti, gorsa kannen gadiif gaafachu dandeessa:

- yaadachiftuu yeroo turtii too'annoo jalaatti qabaate;
- ragaa yaalaa kan doktaraa si ilaalen kennamu.
- yeroo turtii achitti qabaate.

Ol iyyannoo abukattoo hawaasatti

Erga yeroon too'annaa jala oolu kee xumuramutti, ati abukattoo hawaasa waraaqa galma'een kan rasiiti qabuun ykn ergaa dabarsuun biro barreesitutti rasitii waliin - gaafachuu dandeessa - gorsa akka daataa argamee irratti akka itti fufuuf akka ilaalcha jala galuuf.

Mirga abbumma

Dhageettin yeroo murtoo kanaa taasifamuu nii kaa'ama, yoo sababa teekinikaa akka waan kun hin taane godhu muddaten alatti. Waan asiiratti waraabame biroodkastiidhaan dabarsuun seeran kan dhorkamee dha.

Waraabillen kun kan dabarfamaan biroodkastiidhaan yoo kameeran eeyyamamee daqiiqaa isaa waliin maxxansuun dhorkamee qofa ykn wantoota biro ati adda baasu hin dandeenya.